Gahee Baaroon Guddinna Afoola Oromoo Keessatti Qabdu

1-Seensa:-Afaan jechuun akka feeteedhaan kan uumamee ta'ee meeshaa waliigaltee dhala ilma namaati.Afaan tokko mul'inni isaa kan mirkanawu gama lamaan yemmuu ta'u isaanis Og-barruufi Afoolaaniidha.Afoolli Afaaniin dhalootarraa dhalootatti (Labatarraa Labatatti)dabraa kan dhufe ,dabraa kan jiruufi fuula duraas kan dabruudha.Baaroonis Afoola Oromoo keessaa isa tokkoofi bifa kadhannaatiin ergaalee adda addaa kan ittiin dabarfataa turaniifi ammas jiraniidha.

Qormaatichi kun kan qabatu gahee Baaroon guddinna Afoola Oromoo keessatti qabdu ,maalummaafi akaakuu Baaroo ,Barbaachisummaa Baaroo ,malleen Qorannichaafi madda Afoolichaas dabalatee ibsuuf kan yaaluudha.Qorannoo kana keessatti Baaroon qaama Afoola Oromoo tahuu qofa osoo hin taane shoora duddinna Afoola Oromoo keessatti taphatu bara Afaan Oromoo akka qaaniitti ilaalamu saniiyyuu mataa olqabatanii lallabanii ergaa ofii Afoola kanaan dabarfataa kan turan ta'uusaaqorannichi ragaan kan mul'isuudha.

1.1.Kaayyoo Qormaatichaa

Baaroon Afoola Oromoo keessaa akkakuu tokko akka ta'eefi guddinna Afoolichaa keessatti iddoo guddaa akka qabu barsiisuuf.

-Baaroon Afoola Oromoo waldanda'iinsa ummataa ,jaalala,tokkummaafi nageenyaa calaqqee ta'an keessaa isa tokko ta'uusaa .

-Baaroon Afoola ergaa gadifagoofi falaasama ummatichaa quuqama adda addaafi haala yeroodhaatiin walqabsiisee dhimma itti bahan ta'uusaa.

1.2-Barbaachisummaa Qormaatichaa

Qormaata kana barbaachisummaan isaa inni guddaan Baaroon Afoola Oromoo isaan baroota dheeraa turan keessaa isa tokko ta'uun hubatamee guddinna Afoola Oromoo keessatti gahee qabu ibsuu,maalummaa Baaroofi ergaa gama hawaas-diinagdeetiin dabarsu gama Amantiin laaluu qofa osoo hin taane bu'aa Afaan keenya tursiisuufi guddisuu keessatti qabu hubannoo kennuufi qorattoota fuula dura Afoola kana qorataniif ka'umsa ta'uu ni danda'a.

1.3-Malleen Qormaatichi itti geggeeffame

Qormaatinni Afoola kanaa mallen itti geggeeffame tooftaalee adda addaa yoo ta'an isaan ijoon mala ragaalee walsimsiiuutti fayyadamuun ragaalee dhugaa ta'an namoota Afoola kana beekan iddoo Afoolichi itti raawwatamu Dirree Sheek-Huseen itti argamuun kallattiin bifa odeeffannoofi waraabbiitiin qindeeffachuun ragaa funaaname isa tokko yemmuu ta'u,Afoolicha dabalataan kaassetaan baasan ergaa isaa xiinxaluun akkasumas Ayyaanota Dirree Sheek-Huseen irratti kabajamu baayyeee irratti qaamaan argamuun xiinxallaa taasifameefi Ulee Sheek-Huseen namoota ta'an odeeffachuun kan qindaayeedha.

2 .Maalummaa Baaroo

Afoola Oromoo bifa faaruutiin waggoota dheeraadhaaf dhalootaa-dhalotatti ykn labataa-labatatti dabraa turaniifi Baha Oromiyaa naannawa Baalee,Arsiifi Harargee akkasumas Lixa Oromiyaa Jimmaafi Oromiyyan alattis naannawa Silxxee(Maaraqoo),walloofi k.k.f.wagoota 900 oliif Afoola tureefi ammas jiruudha.

Baaroo jechuun faaruu Sh/Huseen jaalattoonni isaanii ittiin faarfatan ykn kadhatan yoo tahu,Baaroo jechi je'u kan dhufe Baharawoo kan je'urraa kan dhufeedha.Hiikni isas Bal'aa,Garba guddaa kan waan hunda fuudhuufi Qulqulluu akka Garbaa (Baharaa) jechuudha.Kun jaalala Sh/Huseeniif qabanii jecha itti fayyadamaniifi Bahara keessatti wantoonni adda addaa kan jiraachuu dandayaniifi hunda uf-keessatti kan ammatu waan taheef Sh/Huseenis fakkii kanaatiin osooAmantiin ,Sabaan,Gosaan ,Biyyaaniifi Bifaan namoota hin fille hundayyuu walqixa kan jaalatu ta'uu isaa ibsa.

Baaroon Afoola Oromoonni sirna kam keessattuu osoo addaan hin kutin dhalootaa dhalootatti dabarsaa turan yoo tahu Afoola hurrubummaa ufiitiin yeedaloofi ergaa miidhagaa ittiin dabarfataa tureedha.Baaroon kan faarfamu bal'inaan yeroo Muuda Dirree Sh/Huseen Go /Baaleetti waggatti yeroo lama kabajamurratti angafaan yoo tahes iddoolee adda addaatti ni faarfama (ni baafama).

Fkn:-Go/Arsiitti iddoo Sakiinaa je'amutti ,Go/Baaleetti Dirree Sh/Huseen , Soof-Umar Hammarraa, Jeersa (Dirree Sh/Huseeniifi Aanaa Laga-Hidhaa jidduu Sulula Qaqallam)je'amu cehanii,Karjuul (Madda Walaabuu)k.k.f.iddoolee faaruun Baaroo itti faarfamaniidha.

Muuda :-Jechuun akka afoola kannatti adeemsa Di/Sh/Huseen ykn Soof-Umar taasifamu yoo tahu hiikni jechichaa akka hawaasa naannawa sanitti Dhadhaa Matarra namaa kaayuu (waa nama badhaasuu) ykn kennaa namoonni alaa dhufan jiraattota achi jiraataniif kennan irraa jecha dhufeedha.Muuni jila nagayaa kan waaqeffannaa qofaaf walitti qabamu tahee iddoo muunni walitti qabamutti faaruun faarfamu Baaroo je'ama.

Baaroon irra caalatti kan baafamu (faarfamu) Waarii Galgalaa ta'ee dabree dabree Waaree boodaas ni baafama.Akaakuun Afoola iddoo muudatti faarfamuuu isaan gurguddoon :-

1 -Baaroo 2- Shubsa 3- jeekkara (Zeekkara) 4-Saarmadee 5-Atooraraafi k.k.f. isaan ijoo yoo ta'an caalmaatti kan beekkamu baaroodha .Afoolli kun faaruu tola ooltummaafi gaarummaa Sayyidii Nuuranaa Huseeniifi Soof-Umar kan leellisan qofa osoo hin taane Ummanni Oromoo quuqama Sirnoonni dabran isaanirra geessaa turan bifa abaarsaan ta'eekadhaa

Fakkeessanii ergaa isaanii kan ittiin dabafataa turaniidha.Baaroon kanaan haala Nageenyaa,Misoomaa,Roobaa,Fayyaa,Tokkummaa,Walgargaarsaa,Barnootaafi k.k.f.kan itti dabarfatan yoo tahu Muunni iddoo wal'agaree hayyootaafi dur bara teeknolojiin hin jirre san akka iddoo ergaa waan barri keessa jiruu itti waldabafatanitti ni fayyada.Guddinna Afaaniifi

Afoola Oromootiif Baaroon shoora hanganama hin je'amne qabaachuu caalaa Godambaa Afoola Oromoofi Madda qaroominaa yoo je'amee fudhatame xooxessuu hin ta'u.

Baaroon akka namoonni seenaa beekaniifi baaroo baasan (faarsan) ibsanitti Ulee qal'oo dhaanqee qabdu tan jalli isii qaraa muka Haroorессaafi Mudhugurree je'amurraa kan tolfamtu mallattoo nageenyaafi araaraa tan Sh/Huseen harkatti qabataniifi yeroo boqotan lafatti waraananii Kitaaba itti fannifatan qabatamee kan faarfamuu ykn baafamuudha Baaroon.Jechoota mimmiidhagoo miira namaa qirqirsanfi hiika gadifagoo qabaniin fayyadamuun biratti hurrubummaa qaban mul'isuuniifi si'oomina isaan(namoonni Baaroo je'an)daddaaqanii utaalanii agarsiisaniin namoota Afaan beekan dhiisii Gurra sirraa murruu yoo je'aniinis kan hin dhageenyeeyyuu mirqaansee kan garaa raasuudha.

Sheek-Huseen Eenyu?

Abbaa isaanii Ibraahim Malkaafi Haadha isaanii Shamsiyyaa irraa jaarraa 11^{ffaa} keessa bara 1042 A.L.I. Ji'a Muddee, guyyaa kibxataa Halkan Godina Baalee Aanaa Gololchaa Ganda amma Dirree Sheek-Huseen ,Anaajina,Birka je'amuun maqaa sadeeninuu beekkamu kanatti kan dhalatan Sheek-Huseen ijoollummaa isaanitiin barnoota Amantii Islaamaa qara'uun biyyoota adda addaa deemanii barnoota isaanii erga fooyyeffataniin booda deebi'anii achumattiqaraasisuu yoo jalqaban namoota 6666 ol Masgida Baallaa iddoo je'amutti akka qaraasisan seenaan ni ibsa.

Sheek-Huseen abbaa ijoollee 5 yoo ta'an, isaanis :-Muhaammad, Tamaam, Suleeyman, Abdallaahifi Faaxumaa yoo tahan,jiruu isaanii keessatti Masgidootaafi bu'ura misoomaa baayyee akka dalagan seenaan adda addaa ni mul'isa.Afoolli waa'ee dhalootaafi eenyu akka deesse ibsu akkas jedha.

‘’Dheeratee Samii bahee

Bal'atee Ardii gahee

Dhaloonni Tolaa Baalee

Halkan Kibxataa tahee

Dubartiin fadlii beeytee

Natu dayaa martuu eeydee

Shamsiyyaan hiree qabdii

Haati Nuur-Huseen deettee.’’ jechuun Baaroo baasu.

Barreeffamoonni ‘’ **(Arab Abdellaa -2003)fi Dirre Sheik-Husein Shrin To be inscribed in the Regional National & World Heritage List ‘’je'u akkasumas barreefama gabaabaa Qorannoo waa'ee Dirree Sheek-Huseen Amaan Seeroftaatiin** (1999)fi kan biraatiis waa'ee

Afoola Baaroofi Seenaa Sheek-Huseeniin walqabatu hanga tokko ibsuuf yaalanii jiru.Baaroon yeroo ammaa kana Afoola qofa osoo hin tahin bifa muuziqaatiin Istiidiyootti qindaayee kiliippiin madda galii ta'uun namoota baayyeef hujii uumeera.

3 –Gahee Baaroon Afoola Oromoo Keessatti Taphatuufi Ergaalee Inni Dabarsu

Baaroon dabree dabree Afaan biraa itti makuun yeroo ammaa kan yoo mul'ateeyyuu guutumaan guutuutti Afaan Oromootiin kan baafamu ykn faarfamu Afoola dinqisiisaa iddoo biraatti hin argamneedha. Baaroon kan je'amtu irra caalatti kadhaaf (Waaqeffannaaf)yoo ta'u Quuqama ,Obsaafi Murannoo ,Roorroo,Abaarsa,Walitti dhufeenya Sabootaafi Lammiileefi k.k.f.ibsuuf itti fayyadamaa kan turan tahuu baaroorraa hubatuun nidanda'ama**. Fkn** :-

Baaroo Ergaa Yeroo (Waqtaawaa) dabarsu

- ''Isini wabiin bari Abbaa keenyaa

  Yaabbattan Gadabii ka gaafa jabeenyaa

  Maaltu nama baasaa bobaa jala seennaan

  Wayta teessan Biiroo cufti jarri keenyaa

  Murteesse Aawliyaan taasise Rabbilleen

  Bobayaafi Warqilleen baate biyya teenyaa.''

- Ergaan Baaroo kanaa wabiifi Abbaa isaanii tahuu,biyya Gadab je'amu kan Arsii Lixaatti argamurraa gaafa rakkoon cimte dafanii nama waammate dhaqqabuuf jecha geejjiba yaabbatu ergaa je'a yoo ibsu bobaa isaanii jala seennaan (jalatti dheesse) namuu akka nama hin baafnee ibsa.Egaan waqtaawaan yeroo Muunni keessan gayu jaalattoonni isaanii Biiroo (Waajjira)akka cufanii dursa Ayyaanichaaf ulfinna kennan calaqqisiisa.Akkasumas biyya teenyaaf akka Bobayaafi Warqilleen bahuuf haalli mijjaawaan waan jiruuf gara biyya ormaa deemuun hafee asumatti dalagachuun kan dandayamuufi inumaayyuu gara biyya teenyaa dhufuun akka misoomsan afoolichaan ibsan .

- ''Abbaa gaafa Weebii kan gaafa Gannaalee

  Ji'a keessan Biiroo cufti jarri Baalee.''

-Kunis bifuma ergaa isa duraatiin kan walfakkaatu tahee geeggessitoonni Baalee durirraa qabee yeroo muunni gayu xiyyeeffannaa isaan taasisaniifi kabaja Aadaa Ummataatii qaban kan ibsuudha.

- ''Adaamalleen tanumaa

Finfinnelleen teenyumaa

Qama’een suuta galaa

Warra sirriin nagayaa baasi jalaa.’’

-Baaroon kun yeroo Biirooleen Oromiyaa gara Adaamaatti haaltuu je’amee namoonni baayyeen yaadaan jeeqamaa ture san Adaamaalleen fagoo miti dhihoodhaa yoo keessaa baanees Finfinnes teenyumaa garuu nurraa hin dhaqxuu tokko oolanii tokkotti galanii buluun ni dandayaama jechuun akka obsa horatan ergaa faarfachaa dabarfatan.

Baaroo Quuqama keessoo ofii ittiin Ibsatan

- ‘’Gaafa hedduu dhoofte gufuun Miila kiyyaa

Rabbitu naaf kafalaa dhiiga kiyyaa

Olseenaa mee aarifa kiyyaa.’’

-Afoola kana amni gadifageenyaan ilaale yeroo baayyee akka rakkoon mudatte ka ibsuufi bu’aa dadhabbii isaa Waaqayyo akka isaaf kafalufi itti dhagayama keessasaa akkasumas bu’aa cehii keessa qaxxaame rakkoon kun kallattii kamirraa akka ta’e ibsatuu baatullee wanni tokko itti jiraachuusaa himateera.

- ‘’Olka’ii fiigi dhugaa Miila qabdaa

Dhara atuun deeggartuu jiila qabdaa

Rabbi gargaarsa qabdaa

Maal dadhabdaa.’’

-Dhugaan gargaarsa Waaqayyoo waan qabduuf gara feete socho’uu akka dandeessuufi dhugaan yoomiyyuu soba (dhara) akka hin deeggarre waan dhugaa qabattee moohuu akka dandeessu kan ibsu tahee ergaan uf-keessaa qabu nama dhugaa qabatee deemaa jiru tokko dharaan roorroon akka itti jiru dhugaa qabatanii moohuu akka dandayamu kan ibsuudha.

- ‘’Yaa Rabbiwoo dandayaa waa dandahuu

Ati nabaaftu malee Gaaran bahuu

Natti kennii laalimee waan an tahuu.’’

`Yaa Waaqayyo situ waa hunda dandayaa siitu rakkoo hunda nama baasaa qormaata qunname yoo inni baase malee bahuu waan hin dandeenyeef akka baasuufi hiyyummaa keessallee akka

bahu qabeenya naaf kenni je'ee kadhachuu yoo inni itti kenne innis akka kennuufi hin kennine akka madaalamu gaafatuu isaa ergaa ibsu uf-keessaa qaba .Yaada isaa keessatti akka yaaddoo keessa jiru wanni namatti mul'isu jira Baaroo kana keessatti.

Baaroo Obsaafi Murannoo Ibsu

- ''Saahiba Hulleetiwoo saahiba Kadarii

Gadiqabaan ol qabaan taate nama garii.''

Afoolli kun ergaan isaa cimaan kan jiru sarara lammaffarraa yoo tahu ergaan sarara jalqabaa Sheek Huseen jaalallee(saahiba)nama maqaan isaa Hullee je'amuufi Sayidanaa kadar tahuu kan ibsu Kadar nama milkiin deemu kan ganama subii namatti seenu je'ameet amanama.yaanni ijoon Baaroo kanaa ammoo nama namni gadi qabe(roorrise) Waaqayyo (Rabbi) ol qaba jechuudha.Yoo Rabbi nama hin miidhin kan namaa humaamiti jechuudha.

- ''Shurrubbaa yuuba kiyyaa

Situ eegaa duraafi duuba kiyyaa.''

Kana jechuun rifeensa mataa isaa matruu dheeraa luuccaa fakkaatu bareedaa tahuu kan ibsuufi tikseen (eegdoon) isaa (namicha yaammataa jiruu sanii Sh/Huseen tahuu kan ibsuudha.

- ''Itti of-gadi dhiifnaan gadi naman dhiisuu

Kompaasii waan Abbaan laaleen agarisiisuu

Ittin siiksa malee Aadaa kiyya hin dhiisuu.''

Akka ibsa faaruu afoola kanatti yoo itti irra kaayatan nama jabeessa ykn sirritti nama qaba .Meeshaa fagootti wahiin argan (ilaalan)kallattii mul'isuufi Aadaa kiyya waan durii caalaa jabeessa malee hin laaffisu ittin cima jechuu kan ibsu yoo tahu kutannoo hawaasaaf dhaamsa Baaroo keessa dabarsuudhaan haa itti jabaannuu jechuudha.

Baaroo Eebbaafi Abaarsa Ibsitu

- ''Baharawoo eega xoor-azzaajiin isin tahee

Haa galtu ijoolleen amma gayee.''

Baaroon bal'innaan kadhaa(Waaqeffannaa)Waaqayyofi Gabricha isaa Sh/Huseenyoo tahes roorroo sirnoota dabran keessa ummatarra gayaa ture ifatti baasanii abaaruun yoo isaan dhibes Baaroo fakkeessanii abaaruun Dargiin akka baduufi ijoolleen isaanii dirree waraanaatii akka galtu ergaa qabatamaan muuda kufaatii sirna Dargii ji'a afur dura kan raawwatameedha.

- ‘’Rabbii kiyyaa Roobuma roobi malee Bakakkaan buusiniwoo
  Callisii nyaadhu osoon yuusiniwoo .’’
  Afoolli kun ergaan inni dabarsu Yaa Waaqayyo balaa guddaa buuftee balaafamaa waliin nun dhayiii keessaa nu calalii osoo hin beekamin suutuma tarkaanfii itti fudhu.Baaroo kana keessatti ergaan kadhaafi abaarsaatiis walmakatee ni mul’ata.

- ‘’ Miinoo san hiinu malee
  Oow’ee finiinu malee
  Kuun namarraa hin taa’u
  Kuun jiilu malee .’’

Miinoon afoola kana keessatti meeshaa dhuka’u kan lafatti awwaalamu san osoo hin taane abaarsa cimaa ykn du’aa’iin itti godhanii tarkaanfiin hujii isaa gitu Waaqayyoon akka kennamuuf jechuu yoo ta’u,Namicha jalqabaa sanirratti yoo tarkaanfiin cimaan hin fudhatamin inni kuu nama hindhiisu.kanafuu isa duraa ofirraa jiilchuudha kan je’u ergaa kan dabrsuudha.

- ‘’Qaata gogaan bobayaa amma jiidhaan qabatee
  Haasidii deemi Makiinaan si gatee .’’

Ergaan Baaroo kanaa barri akka durii mitii akka eeganirraa geeddaramee jiraa yaa waanyoo (hinaaftuu) akkanumaan hin dhama’in qaata namni si biraa fagaatee ati waanyitus humaa hin fiddu ofumaa hin dhama’in kan je’u ibsa.

- ‘’Gaaratti hin oofin Mirgoo osoo hin leenjisinii
  Duraa fuutee duubatti nun deebisinii
  Haasida keenya umrii hin dheeressinii
  Eenyut milkaaye osoo hin eebbisinii. ‘’

Baaroo kana keessatti ergaan kadhannaafi abaarsaatis ni mul’ata.Nama humaa hin hubatin ykn hin leenji’in Ummatatti ergitanii akka hin abaaramne ergaa hima duraa yoo ta’u nullee of-duuba nun deebbisinii adawaa (diina)keenyas bultii hin baasiniif ykn sirni nama nyaataan sun hin turinii haakufu kan je’uufi eebbaan malee namni kamiiyyuu akka hin milkoofne kan ibsuudha.

Baaroo Kadhannaaf faarfamu

‘’Bahara Guchiin simteen daangaa Gannaalettii

Narraan odeessinaa nama wallaaletti

Torba shukrii goonaa Rabbii ol’aanettii.’’

-Daangaa Laga Gannaaletti Guchiin jaalala irraa simatte,waa'ee isaanii nama hin feenetti narraa hin himinaa Waaqayyootti yeroo torba galata galfanna ergaa je'u qaba.Nama dhiisii Gosti Allaattiin Guchii jedhamtu isaan beektee simannaa taasifteef ergaa je'u qaba.

''Saahiba Hulleetiwoo saahiba Kadarii

Gadiqabaan olqabaa taate nama garii.''

-Ergaan Afoola kanaa kan Hulleefi Saydanaa kadarilleen saahibaa(hiriyaa) ykn walitti dhufeenya qaban kan jedhu yoo ta'u sararri duraa kan bo'oo lammaffaa ammo nama waan gaarii dalagu yoo namni gadiqabes Waaqayyo olqaba kufee hin kufu jechuudha.Sayidanaa Kadar Raajimitoota ykn Ergamtoota Waaqayyoo keessaa isa tokko ta'ee kan milkiin deemu ganama subii (bariisaa) kan namatti seenu abbaa carraa jechuudha.

''Inin deema jennaan Garbuun haamaa gayee

Inin oola jennaan Hajjiif Zaaraan gayee

Akkafeete Garbuu an Waaqaan sigayee.''

-Hangam takka akka Muunni Dirree Sheek Huseen cimina akka qabu kan ibsuufi yeroo midhaan haamaa gaya yoo muunni gaye filannoo jalqabaa kan ta'u muudaaf kennuu isaanii ibsa.Midhaan isaanii Waaqayyotti dhiisanii gara muudaa akka deeman ergaa dabarsa.

''Diinkureen bareeddee isin bullaaniwoo

Dhibamtuun fayyitee itti tufnaaniwoo

Haajaan teenya taatee isin dhufnaaniwoo.''

-Ergaan Baaroo tanaa iddoon Baaroo itti halkan baasan ''Diinkuree'' kan je'amu Sheek Huseen bullaan bareedde ykn toltee isaan du'aa'ii itti goonaan namni dhukkubsatees ni fayya akkasumas isaan dhufnaan wanni barbaadan hundi ni taati jechuu yoo ta'u Afoola kanaan hangam takka Sheek Huseeniif iddoo guddaa akka qaban kan mul'isuudha.

-Baarooleen asiin gadii kunneen kadhannaaf kan faarfaman keessaa isaan muraasa:-

- ''Rabbii kiyyaa Galgalallee,Ganamallee
  Sitti warwaatat jirraa akka nan hoongessinee

Xaliila haalli namaa hin hoongessinee''

- ''Anolerraan gadi tarraan mul'atee Saallaniwoo

Dubbiin haqiiqa tahee laallaniwoo.''

- ‘’Rabbii kiyyaa Ganamallee,Galgalallee
  Haxira keessan jirraa nun baasinaa alattii

Nudarbaa gaaddisa dhiiraa jalattii.’’

- ‘’Qaata gogaan bobayaa amma jiidhaan qabatee

Haasidii deemi Makiinaan si gatee.’’

- ‘’Jaldeessi fuudha bahee tokkichuu Jaala hin qabuu

Namni sirriin rukuttee jaala hin qabuu.’’

- ‘’Dadalarraan Maashoon keessa ifee

Isaantu qajeelaan natty dhufee

Tanaaf Isin laalere sitti kufee.’’

- ‘’Isin jala seenee laman tahuu

Mootummaa maqaamaan nama gahuu’’

- ‘’Ani yoom Abbaatee kiyya shakkee

Anaafuu kafiigdan isin argee.’’

- ‘’Kan ilaala Daaroof Qacam-saree

Irkoo nama daaree gatantaree.’’

- ‘’Jajjabaa Karraa irra taa’e Risaanii

Ahlalbeeytii Rasuultu isaanii.’’

- ‘’Abbaa gaafa rakkinnaa Abbaa gaafa addaa

Gaafa Kophee malee nutti baatan Baddaa.’’

- ‘’Maal Isiniin je’ee Siraajiin Koloobaa

Maashoo kiyya je’ee kan dukkana Roobaa.’’

- ‘’Maal Isiniin je’ee Sayyid-Huseen Gaalaa

Mandara Diinkuree Masarata laalaa

Yoo laaltan jaalalloo biratti nulaalaa.’’

- ‘’Maal Isiniin je’ee Siraajiin Lammattii

Bahara na dhaqqabu yeroo ani je’ettii.’’

Ergaan Baaroolee asiin olitti caqasamanii muraasa isaanii yoo ilaalle fkn 3^{ffaa}rratti kan tuqame nuti yoomiyyuu isin jala jirraa alatti nun baasinaa gaaddisa dhiiraa (nama bu’aa qabuu)jala nu kaayaa jechuu yoo tahu inni 5^{ffaa}namni tokkummaa hin qabne hujiin isaa waldeeggarsa akka hin qabneefi namni ilaalchi bade fayyaa hin qabu(dawaa hin argatu) ykn hin wal’aanamu jechuudha 7^{ffaa}n osoo isin waliin jirruu yaada biraa hin deeggarru ,Mootummaa sadarkaadhaan ama gayu (nama guddisu) jechuu yoo ta’u walumaagalatti Baaroon kadhannaa Waaqayyoollee taha’aa ergaa dachaafi miidhagina Afoola Oromoo ibsiti.

Baaroo Walitti dhufeenya Sabaafi Sab-lammoota adda addaa ibsu

Baaroo keessatti walitti dhufeenya sabaafi sab-lammootaa akkasumas akka Sheek Huseen gosa hin filanneefi hunda walqixxummaatti ilaaluu isaa afoolaan faaruu keessatti ibsu.**Fkn**:-

- Wallootu simuudee gaggaariin namaatii
  Jimmaatu simuudee gaggaariin namaatii
  Silxeetu simuudee gaggaariin namaatii
  Amaaratu simuudee gaggaariin namaati
  Maaraqootu simuudee gaggaariin namaatii
  Somaaletu simuudee gaggaariin namaatii
  Arabatu simuudee gaggaariin namaatii
  Faranjiitu simuudee gaggaariin namaatii
  Qallaalima seetii qallaaliin namaatii.

-Ergaan Baaroo kanaa gabaabumatti namoota ciccimootu Biyyaafi Saba adda addaarraa isaan muudaa akka tureefi nama salphoo(ulfinna) hin qabneetu isaan tuffata malee ulfaataan ulfinna isaanii ni beeka kan je’u ibsuu barbaadeti.

- ‘’Nuur-Huseenii Sanyii nama hin filanneewoo
  Hanga kee Haatuu namaa hin rifanneewoo
  Qaataa furte rakkoo sitti himannewoo.’’

-Akka Afoola kanaatti Sanyii kan hin filanneefi gara-laafessa akka Haadha nama deessee tahuu,akkasumas gaaffii gaafataniif deebii atattamaa kan namaa deebisu tahuu isaa ibsa.

Akaakuu Afoola Baaroon walqabataniifi iddoo Muudatti faarfaman gurguddoo:-

- ✓ **Shubbisa** :-jechuun Afoola akaakuu Baaroo keessaa isa tokko tahee harka lamaan waliin dhawuun(rukutuun) ol-utaalanii ykn gadi je'anii kan faarsaniidha.Bakka Shubbifni jirutti Dibbeen dirqama.Shubbifni iddoon itti shubbifamu ''Hadraa''je'ama.Dabree dabree iddoo adda addaattis kan shubbifamu tahus Dirree Sheek-Huseenitti bakka lamatti yoo shubbifamu isaanis ''Hadraa Sheek-Aadamfi Jajjabaa Karraa'' je'amu.Shubbifni utaaluun qaama guutuu waan nama sochoosee nama mirqaansuuf akka Ispoortii tokkootti fudhatamuu ni danda'ama.Yeroo ammaa bifa Artii Oromootiin Weelliftoonni baay'een Waltajjiirratti mul'isaa jiran.**Fkn**:- Musxafaafi Amiin Huseen.

- ''Salaam-aleeykum Huseeniyyaa
  Osoon siyaamu Lukkuun iyyaa
  Sumaan jiraatte Lubbuun tiyyaa.''

-Kana jechuun Sheek-Huseeniin nagaya gaafachaa osomaan sifaarsuu Halkan natti bari'e.Jiruun toos sumarratti hundooftee siinin jiraadhe jechuudha.

- ''Salaam-aleeykum Huseeniyyaa
  Nuti ijoollee biyya teessanii
  Nuhoosisaa Harma keessanii.''

-Ergaansaa Sh/Huseen nuti ijoollee biyya teetitii ofitti nu qabaa waan isin gaafanne nuuf kennaa jechuu yoo tahu,xumurarratti akka asiin gadii kana jechuun shubbisu :-

''…..nu hoosisaa harma keessanii, nu hoosisaa harma keessanii. ''

- ✓ **Saarmadee:-** Jechuun Kan wal fakkatu tahee akka shubbisatti sirriitti kan hin utaalamne

Harka waliin suuta saffisaan dhawuun Dibbees jarjarsaan rukutuun kan faarfamuudha.Afoolli kun bal'innaan kan beekkamu naannawa Soof-Umarittiidha.

Fkn:- '' Alla Soof-Umarii kiyyawoo Sin jaaladhawoo dambittii

Galmee kiyya fuudhii galmaan gayi naa Rabbittii.''

-Ergaan Saarmadee kanaa jaalala Sayidii Soof-Umariif gadifageenyaan qaban ibsuufi bu'aa hujii isaa ykn waan gaarii dalage gara qaama ol'aanaatti (Waaqayyootti) naaf dabarsi akka qaxiin naaf qabamtu kan je'uudha.

- ✓ **Jeekkara (Zeekkara**):-Jechi kun Afaan Arabarraa kan dhufe yoo tahu,akaakuu Baaroo keessaa isa tokkoofi Sagalee laaffisanii bifa miidhagina qabuun suuta deddeemuun ykn dhaabatanii qaamaan daddaaquun akkasumas taa'anii mataa raasuun Dibbeefi Leedii(Dibbee xiqqoo) dhawuudhaan kan faarsamuudha.Yeroo bay'ee waljalaa qabuun kan faarfamuudha.
  Fkn:-''Makkoole Makkoo tiyyawoo
  Atuu numa beeyta rakkoo tiyyawoo.''

-Makkoon Intala Soof-Umar yoo taatu,jaalattoonni Soof-Umar Aayyoo Makkoo tiyya rakkoo tiyya natty hin dhiisinii na gargaarii furmaata naaf godhi je'anii kadhachuu isaanii ibsa.

4-Xumura

Afoolli Baaroo kun akkuma Afoolota Oromoo isa biraa calaqqee Aadaa,Seenaa,Falaasama,Amantiifi jiruuf jireenya ummata Oromoo waan ta'eef ga'een inni guddinna Afoola Oromoo keessatti qabu kan hangana hin je'amu.Afoolli akkanaa dhokatanii hawaasa keessa turan bahanii bifa barreeffamaatiin haala qorattoota hujii akkasii qorachuu barbaadaniif ka'umsa ta'uuf dhaloota dhufuuf akka duraa hin banneefi hin faalamne qulqulluu isaa barreeffamaan akka hambaatti kaayuudhaan tursiisuuf ni fayyada.

5-Wabii

-Miliiniyamii Oromiyaa Dirree Sheek-Huseenirrattii sadaasa bara- 2000 barruu qophaaye.

-Kaaseta Baaroo ''Musxafaafi Muhaammaad Aliyyi''

-Ragaa qaamaan Ayyaana Dirree Sheek-Huseen deemamuun sassaabamerraa kan qindaaye.

-Barreeffama Qorannoo gabaabaa Arab Abdallaa (2003)''Dirree Sheik-Husein Shrin To be inscribed in the Regional, National &World Heritage List ''kan jedhurraa.

-Barreeffama Qorannoo gabaabaa Amaan Seeroftaatiin (1999) waa'ee Dirree Sheek Huseen barraayerraa.